GOVERNMENT OF WESTERN AUSTRALIA

Oromo | Afaan Oromoo

Roll up for WA

COVID-19 Vaccination

# Wa'ee Talaallii dhugaa isaa bari

Waan haaraya Kessaa baruuf waa'ee isaa gaafatuun waanuma jiru. Waa'ee talaallii COVID-19 maaltu dhugaa fi dhara adda baasadhu. Walumaan, talaallii irratti amantaa waliin guddisuu qabna, sababni isaas namni talaalame mata mataattis tahe hundi dhibee dhukubaa booda akka itti fuul-dura deemnu nu gargaara.

## DHUGAA

**Talaalliin fayyaaf gaarii dha.**

Namootni hedduun addunyaa irraa talaallii COVID-19 tolchuuf waliin hojatan. Maallaqaan itti hirmaatanii, sadarkaan isaa osoo hin hir'atin baatilee keessatti saayintistootni akka raawatamu taasisan. Australia keessatti talaalliin erga laalamee (tested), fayyaaf gaarii tahuu beekamee fi kan dalagu tahuun isaa barameen qofa booda hayyamama. Talaallii hundi ulaagaan isaa laalamuun fi fayyaaf gaarii tahuu isaa to'atamuun itti fufa.

**Talaalliin COVID-19 vayirasii namtti dabru kan COVID-19 nama qabsiisu hin qabu**

Tallaallichi akka waan vayirasii dhugaa of fakkeessuu fi qaamni kee akka itti of irraa ittisu baratu taasisuu dha. Kunis dhukubni akka sitti hin jabaanne, hospitaalaa akka hin seenne, fi akka hin duune si gargaara.

**Mayikirochips (microchip) lilmee keessa seenuu hin danda'u**

sheekkoon kun vidiyyo sobaa (fake video) fuula sabaa himaalee irra naannawaa jira.

## SHEEKKOO/ DHARA (MYTH)

- Talaalliin COVID-19 fayyaa namaa baay'ee hariitiidhaan mirkaneessame.
- Talaalliin COVID-19 dhukuba COVID-19 si qabsiisa.
- Talaalliin COVID-19 mayikirochipsi (microchip)naan hordofan of keessaa qabdi.

# Wa'ee Talaallii dhugaa isaa bari

## DHUGAA

**Talaalliin namoota WA keessa jiran hundaaf tola kennama.**

Kunis, namoota yeroof as jiraatan, baqatoota (refugees), godaantota (migrants) fi namoota viizaa seerawaa hin qabanes ni dabala.

**Talaalliin maal akka of keessaa qabu takka takkaan beekna**

Talaalliin irra guddaa bishaan, ashaboo, shukaara fi cooma irraa ti. Talaalliin gosa sibiilaa (graphene oxide), haphee (gluten) killee (egg) qamadii, hadhaa kanniisaa (bee venom) gosa qalamaa (latex) yookaan waan beyilada irraa fuudhamee itti dabalame hin qabu. Gumiin Fatawa Australia talaalliin kun Halal tahuu dhugoomsee jira.

**Medicare hin qabdu yoo tahe illee talaallii COVID-19 fudhatuu dandeessa**

Baallama kee irratti eenyummaa kee adda baasatuuf akka gargaaruuf waan maqaan kee irra jiru raga siif tahu , hayyama konkolaachiaa, xalayaa yookaan biilii qabadhuu kottu.

**Talaallii COVID-19 dirachuun kee qaama kee kam keessatti illee hawwatoo sibiila (magnetic) hin uumu**

Tallaalliin COVID-19 hawatoo sibiila (magnetic ingredients) of kessaa hin qabu. Qaamni kee sibiila harkisuuf sibiilotni hedduun qaama keessa jiraachuu qaban. Fakkeenyaaf, namootni gosa vayitaminaa adda addaa (multi vitamins) kan sibiilummaa (iron) of keessaa qabu fudhatan. Sababa bishaanawanii (diluted) qaama keessa waan tamsawaniif qaama kee keessatti hawatoo sibiila (magnetic) tolchuu hin danda'an.

**Talaalliin COVID-19 nama hin maseensu (fertility)**

Talaalliin amma, yookaan fuul-duraaf mucaa godhatuu irratti dhiibbaa si irratti hin qabaatu. Dubartootni ulfaa ofii isaanii fi mucaa isaaniif ittisa godhchuuf talaallii COVID-19 akka fudhatan gorsamu.

## SHEEKKOO/ DHARA (MYTH)

- ✗ Talaallii COVID-19 fudhatuun maallaqa baasisa.
- ✗ Talaalliin maal akka of keessaa qabu hin beeknu.
- ✗ Talaallii COVID-19 fudhatuuf kaardii Medicare haarome qabaatuu qabda.
- ✗ Talaalliin COVID-19 irree kee keessa hawatoo itti maxxanu (magnet stick) uumuu danda'a.
- ✗ Talaalliin COVID-19 mucaa godhatuu dhorka.

Galmaawii talaallii COVID-19 kee baallama qabadhu

rollupforwa.com.au

13COVID (13 26843)

Afaan hiikaaf * tuqi